# Oromootni Biyya Ingilizii Magaalaa London keessatti

# Hiriira guddaa godhan




Orommtni biyya Ingilizi jiraatan guyyaa Roobii, Caamsaa (March) 31, 2010, abbaa irree (dictator) Mallas Zenaawwi mormuudhaan Waajjira Muummicha Biyya Ingilizi, Prime Minister Gordon Brown, fulduratti hiriira nagaa bahan.

Hiriira kana irratti ummatni Oromoo fi ummatotni Ogaaden, Somaalee, Sidaamaa akkasumas ummatni Amaraa hedduminaan argamanii haamilee guddoon mormii isaanii dhiheeffachaa oolan.

Kaayyoon hiriira kanaa Mallas Zenawwii walgahii Gargaarsa Eegumsa Umanaa (Environmental Protection Finance Meeting) irraa qooda fudhachuuf biyya Ingilizi dhufuu isaa mormuu ture. Ummatni hiriira kana bahe mormiin isaa inni guddaan mootummaan biyya Ingilizii fi biyyota dureyyii kaan gochaa abbaa irree (dictator ) Mallas Zenawwii utuu beekanii walgahii kana irratti afeeruun isaanii dogoggora qofa utuu hin taane seenaan illee isaa gaafata kan jedhu ture. Akkasumas, mootummotni Afrikaa Mallas Zenaawwii bakka buufachuun isaanii akka sirrii hin taane saaxiluu ture.

Itti dabalees, Mootummaan Mallas Zenawwii ajjeechaa , hidhaa, saamicha,ummata lafa isaa irraa buqqisuu fi duguuggaa  sanyii (Genocide) inni uummata Oromoo fi ummatoota cunqurfamoo biroo irraan gahaa jiru saaxila baasuu ture.

Maqaa eegumsa umamaa tiin gargarsi Mallasiif kennamu Oromoo fi ummata cunqurfamoo kaan ittiin ajjeessuu fi dararuuf malee misoomaa fi qabeenya umamaa eeguuf waan hin taaneef akka gargaarsi kun hin kennamne iyyachaa turan.

Ummatni hiriira kana irratti argame filmaatni Kijibaa Mallas geggeessuf deemu paartilee politikaa of dandahanii dhaabbataniif mirga waan hin kennineef, dimkraatawaa ta'uu hin dandeenye ibsaa turan. Kanaaf, mootummaan biyya Ingilizii fi mootummatni adunyaa kaan filmaata kana akka hin deeggarre iyyachaa ture.

Hiriirri kun haala milkii qabuun kan xumurame yammuu ta'u mootummaan biyya Ingilizii fi biyyootiin dureyyii kaan gidiraa ummatni Oromoo bulchiinsa Mallas Zenawwii jalatti argaa jiru daran hubatanii gargaarsa irra hir'isu jennee abdanna.

**Ummata Oromoo biyya Ingilizii**













HORN OF
AFRICA


IN ETHIOPIA


SUPPORT
OROMO
PEOPLE'S
STRUGGLE!
WE WANT
PEACE AND
STABILITY
IN THE
HORN OF
AFRICA
Free


SUPPORT
OROMO
PEOPLE'S
STRUGGLE!
WE WANT
PEACE AND
STABILITY
IN THE
HORN OF
AFRICA


SUPPORT
OROMO
PEOPLE'S
STRUGGLE!


Justice for Ethiopia
If YOU
Ignore
VOTES
YOU
Ignore
Democracy




The Meles
Oppressive
regime
HAS TO
GO NOW!
Dictator
Meles does
NOT
Represent
Ethiopia
let alone
Africa
STOP
STATE
TERROR
in
ETHIOPIA!
STOP